# DAATAA KEESSAN MIRGA KEESSAN

*Kuusan nyaataa kun abbootii dhimmaa galchuuf gara sirna elektirooniksiitti jijjiiramaa jira. Kana jechuun odeeffannoowwan kanaan dura waraqaa irratti walitti qabaman hundi amma sirna kompiitaraa keessatti kan kuufaman ta'a. Kun mana nyaataa kanaaf, baankii nyaatatiif, akkasumas hunda caalaa isiniif jijjiirama guddaadha! Gaaffii keessan armaan gaditti deebisuuf yaallerra. Yoo caalatti beekuu barbaaddan, maaloo hojjettoota kuusaa nyaataa naannoo keessan jiran haasofsiisaa.*

## SIRNI HAARICHI MAALI?

Sirni kun **Hubannoowwan Tajaajilaa (Service Insights)** jedhama. Sirna dijitaalaa kan ta'ee fi kuusawwan nyaataa hawaasa isaanii salphaatti akka hubatanii fi tajaajiloota isaanii akka fooyyessan godhuudha.

Nyaanni kuusaa nyaataa kana keessatti argaman muraasni karaa sagantaa TEFAP jedhamu mootummaa federaalaa irraa argamu. Mootummaan namoonni nyaata TEFAP argatan waraqaa tokko tokko akka guutan gaafata. Service Insights wajjiin, adeemsichi amma karaa elektirooniksii xumuurama. Odeeffannoon waa'ee gahumsa TEFAP keessan waraqaa irratti osoo hin taane sirna elektirooniksii keessatti haala eegumsa qabuun ni kuufama.

Kuusan nyaataa keessan erga odeeffannoo keessan kennitanii booda kaardii barcode isiniif kenna. Kuusan nyaataa kunii (fi kuusan nyaataa Service Insights fayyadamu kamiyyuu) daawwannaa keessan gara fuulduraa dafee galmeessuf kaardii kana iskaanii gochuu danda'a. Mana nyaataa meeqayyuu yoo deemtan kaardii tokko qofa isin barbaachisa; Service Insights gonkumaa kuusaalee nyaataa meeqa deemuu akka dandeessan daangessuuf hin fayyadamnu.

## ODEEFFANNOO MAALITAN KENNUU QABA?

Nyaata TEFAP argachuuf, waa'ee keessanii fi maatii keessanii odeeffannoo tokko tokko nu barbaachisa:

- Maqaa keessan
- Baay'ina namoota mana keessan keessa jiranii
- Faayidaalee uummataa murtaa'e kan akka SNAP ykn TANF argachuu fi dhiisuu keessan
- Teessoo keessan
- Galii mana keessanii

Akkasumas odeeffannoo biroo tokko tokko, kan akka filannoo nyaataa keessanii isin gaafanna, garuu kun filannoodhan waan ta'eef hirmaannaa keessan TEFAP irratti dhiibbaa hin geessisu.

## JIJJIIRAMNI MAALIF?

Kuusan nyaataa kun adeemsa fudhannaa salphisuuf Capital Area Food Bank waliin hojjechaa jira. Gaaffii muraasa waa'ee ofii keessanii fi maatii keessanii deebisuudhan, kuusan nyaataa kun yeroo baay'ee isin tajaajiluuf akka kennu, akkasumas yeroo xiqqaa ammoo hojii waraqaa hojjechuuf akka dabarsu gargaartu. Kuusan nyaataa kun maallaqa walitti qabuuf akka isaan gargaaruu fi waa'ee hojii isaanii hawaasatti himuuf baay'ina namoota tajaajilamanitti fayyadamuus ni danda'a.

## YEROO HUNDA KANA GOCHUUN QABAA?

Lakki. Hubannoowwan Tajaajilaa fayyadamuun odeeffannoo keessan karaa elektirooniksii akka kuusnuu fi daawwannaa gara fuula duraa saffisaan akka goonu nu dandeessisa.

Odeeffannoo keessan yeroo yeroon akka mirkaneessitanii fi haaromsitan qofa isin gaafanna. Jiraattota DC fi Maryland'f waggaa waggaan, jiraattota Virginia'f ammoo waggaa lama lamaan TEFAP'f gahumsa qabaachuu keessan akka mirkaneessitan ni gaafatamtu.

# DAATAA KEESSAN MIRGA KEESSAN

## WAADAA DAATAA CAFB

### Isinii odeeffannoo keessan ulfinaa fi kabajaan qabna.

Deebin keessan hundi iccitiidha. Yoo odeeffannoo keessan kennuu hin barbaanne ykn gaaffii kamiyyuu deebisuun yoo isinitti hin tolle, waan fedhes ta'u tajaajiloota isiniif kennina. Deebiwwan keessan ni amanna, yoo hirmaachuu dhiisuu filattan immoo haala adda ta'een isin hin ilaallu. Yoo Service Insights irratti hirmaachuu hin barbaanne, odeeffannoo gahumsaa keessan unkaa waraqaa irratti kennuu filachuu dandeessu.

### Odeeffannoo keessan nageenya isaa eegnee of-eeggannoodhan olkeenya.

Odeeffannoon keessan tarkaanfiiwwan nageenyaa industirii keessatti adda duree ta'an fayyadamuudhan ni kuufama. Gaaffii ejensii isteetii keessanii kan TEFAP too'atu irraa dhufu kabajuudhan ala, odeeffannoo eenyummaa, dhuunfaa keessan nama networkii shariikaa kanaan ala jiru kamiifuu gonkumaa hin qoodnu. Hubannoowwan Tajaajilaa sadarkaa wabii baay'ee ol'aanaa kan qabu yoo ta'u, fayyadamtoonni odeeffannoo arguu qaban qofa arguu danda'u. Odeeffannoo haala kanaan waraabun waraqaa irratti waraabuu caalaa baay'ee nageenya qaba. Odeeffannoo dhuunfaa keessan dhaabbilee akka seera kabachiistuu ykn tajaajiloota immigireeshinii jianiif **gonkumaa** hin qoodnu.

### Odeeffannoo kana tajaajila fooyya'aa isiniif kennuu qofaaf itti fayyadamna.

Odeeffannoo bu'uuraa keessan nuuf kennuudhan, tajaajila keenya fedhiiwwan hawaasaa wajjin akka walsimu akka goonu nu gargaartu. Odeeffannoo kana sochii dhuunfaa keessan hordofuuf yookan tajaajiloota isiniif kennamu daangeessuf hin fayyadamnu. Food Bank'n odeeffannoo keessan gonkumaa dhimmoota gurgurtaatif ykn daldalaatif itti hin fayyadamu. Namni odeeffannoo keessan qaqqabuu danda'u kamiyyuu tajaajila kenname galmeessuuf yookan piroofaayilii keessan haaromsuuf qofa akkas godha. Kuusan nyaataa keessanii fi Food Bank'n gabaasawwan fayyadamuun haalawwan jiran ilaaluu fi waa'ee hawaasaa caalatti baruu danda'u. Gabaasonni kunneen gonkumaa odeeffannoo dhuunfaa adda nama baasu kamiyyuu hin agarsiisan.

***Gaaffilee yookan yaaddoowwan qabduu?***
*Daawwadhaa [www.capitalareafoodbank.org/insights](www.capitalareafoodbank.org/insights) ykn iimeelii [ServiceInsights@capitalareafoodbank.org](mailto:ServiceInsights@capitalareafoodbank.org) irratti nuuf ergaa*